



**Waajjiraalee Barnoota Godina 21 /Bulchiins Magaalaa 19 Hundaaf**

**Bakka Jiranitti**

**Dhimmi: - Qajeelfama Hojiira Olmaa Wayitii Barnootaa Haala 'CVID**

**19' Keessatti Hojiirra oolu Isin Beeksiisuu Ta'a.**

Qajeelfama Hojiira Olmaa Sirna Barnootaa haala 'CVID-19' keessatti wayitii barnootaa dabaree fi guyyaa Manneen Barnoota Naannoo Oromiyaa keessatti filannoon akka hojiira oolu qophaa'ee, irra deebiin kutaa 11-12 fuula 8 fi kutaa 9-10 fuula 11 fooyyessinee xalayaa kana wajiin miiltoo gonee waraqaa fuula 13 kan isiiniif gadii bufnee ta'u isaa hubattanii Manneen Barnootaa akka yeroon beeksiifan cimsinee isiin hubachuufna.

**Nagaa Wajjin**

G.G

**Dr Tolaa Barsiisoo**  
**Hogganaa Biiroo Barnootaa**  
**Oromiyaa**

& Wajjira Hogganaa BBOtiif

& Daareekitooretii Fooyya'insa Manneen Barnootaatiif

& Daareekitooretii Qophii fi Hojiira Olmaa Sirna Barnootaatiif

& Daareekitooretii Miisooma Barsiisootaatiif

BBO

QAJEELFAMA HOJJIRRA OOLMAA SIRN A  
BARNNOOTAA HALA ‘COVID-19’  
KEESTTI WAYITII BARNOOTAA,  
DABAREEFI GUY YAA BARNOOTAA  
MANNEEN BRNOOTAA NAANNOO  
OROMIYYAA KEESSATTI AKKA  
FILANNOON KENNAMUUF QOPAA’E

Onkololeessaa, 2013

BBO



## Seensa

Biyya keenya keessatti sababa dhukkuba daddarbaa Kooviid -19tiin Bitootteessa 7 bara 2019 irraa egalee manneen barnootaa cufamanii turuun isaa ni beekama. Haaluma kanaan cufamuu manneen barnootaatiin akka biyyaatti barattoonni miliyoona 26 ta'an, akkasumas, akka naannoo keenyaatti (Oromiyaatti) immoo barattoonni miliyoona sagalii ol ta'an barnootaan ala ta'anii turaniiru. Sababa yeroo dheeraaf cufamuu manneen barnootaan dhiibbaan karaa guddina sammuu, fudhannaa barnootaafi xiin-sammuu barattoota irra ga'e salphaa miti. Waan ta'eefis, Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa, UNICEF fi dhaabbileen biroo biyoonni of-eeggannoo cimaa gochuunmanneen barnootaa banuun rakkoo olaanaa misooma humna namaa isaanii irra gahaa jiru hir'isuu akka qaban yaadachiisu.

haaluma kanaan Ministeerri Faayyaa biyya keenyaa yaada-furmaataa mana marii bakka bu'oota ummataaf dhiyesseen, dameeleen tajaajila hawaasummaafi diinagdee qobqobbiin irratti taasifame hamma tokko akka fooyya'u kaa'u irrayyuu manneen barnootaa akka banaman eeree jira. Dameen barnootaas ji'oota arfan darbaniif dhimmoota yommuu manneen barnootaa banaman raawwatamuu qaban ragaalee adda addaa, muuxannoo biyyoota adda addaa walitti qabachuun qophii akkaataa manneen barnootaa itti banamuu danda'an irratti tasifamuu qabu qaamolee gahee qabaniifi dhimmamtoota waliin hojjechaa turee jira.

Manneen barnootaa idileen duraa, sad 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> kan mootummaafi dhuunfaa, magaalaafi baadiyyaatti argaman hunda keessatti yommuu banaman haala mijataa guutuufi nageenyi isaanii eegamee banamuu akka danda'an mirkaneessuuf qorannoon sakatta'iinsaa gaggeeffameera. Qajeelfamni waqtaawaan manneen barnootaa banuu dandeessisuufi hanqinoota sakatta'iinsa kanaan adda bahan guutuu dandeessiisuufi filannoowwan adda addaa qabate kun qophaa'ee jira.

## Haala Waliigalaa

### 1. Mataduree gabaabaa

Qajeelfamni kun Qajeelfama Fooyya'iinsa Wayitii barnootaa sababa dhukkuba daddarbaa 'COVID- 19'tiin bu'uura istaandardii hammattoo sirna barnootaan akka filannootti manneen barnootaa haala qabatarmaa mana barnoota isaaniitiin akka yeroo dhibee kanaatiif hojiirra oolu qopheessuun gadi buusuu ta'a.

## 2. Hiikkaa

- 2.1 Sirna Barnootaa **jechuun**: dokumantii galmootaafi kaayyolee barnootaa karoorfaman, qabiyyee, gochaalee baruu-barsiisuu, tartiiba madaallii, gahumsa barachuufi dhimmota biroo haala sirna qabeessa ta'een ibsuudha.
- 2.2 **Wayitii** barnootaa jechuun: dheerina yeroo sagantaa barnootaa daqiiqaa, sa'aatiin, guyyaafi torbaniin sadarkaa lee barnootaafi akaakuu barnootaa hundaaf qoqqoodamee kennamuudha.
- 2.3 **Yeroo hojii** jechuun: yeroo hojii barsiistonni dhaabbata barnootaa tokko keessatti torbaniin argamuun hojjechuu qabaniidha.
- 2.4 **Kochoo ykn Dabaree** jechuun: sagantaa barnootaa sadarkaa fi gulantaa barnootaa guyyaa tokko keessatti yeroo tokkoofi isaa ol jijjiiramuudha.
- 2.5 **Filannoo** jechuun: sagantaa barnootaa sababa Kooviid-19 addeemsa baruu-barsiisuu itti fufsiisuuf dandeessisuudha.
- 2.6 **Filannoo** tokko **jechuun**: sagantaa barnootaa kochoo ykn filannoo tokkoon kennamu jechuudha.
- 2.7 **Filannoo** lama jechuun: sagantaa barnootaa kochoo ykn dabaree lamaan kennamu jechuudha.
- 2.8 **Filannoo** sadii **jechuun**: sagantaa barnootaa kochoo ykn dabaree afuriin kennamu jechuudha.( Sagantaa barnoota Wiixata, Roobiifi Jimaata, akkasumas, Kibxata, Kamisaafi Sanbata gulantaa barnoota adda addaatti kochoo afuriin kennamuudha.

## 3. Iddoo hojii irra itti oolu

Qajeelfamni kun manneen barnootaa Godinaalee yookiin B/M/N/Oromiyaa keessatti argaman kutaa 1-12ffaatti jiran mara keessatti hojii irra ni'oola

## 4. Kaayyoowwan

Kaayyoon guddaa qajeelfama kana sababa 'COVID-19'tiin manneen barnoota kutaalee hunda keessattiifi akaakuu barnootaa filataman akkaata hammattoo barnootaa taa'een qabiyyeen barnoota waggaa akka haguugamuuf kaayyooleen armaan gadii taa'aniiru.

1. Manneen barnoota hunda keessatti akkaata qabatama mana barumsichaatti akaakuun barnootaafi wayitii barnootaa filannoo sadiin qophaa'anii ergaman hojii irraa akka oolan
2. Manneen barnoota hunda keessatti rakkoo Koovidii 19n dhufe xiyyeeffannaa keessa galchuun barsiisotaafi hojjattoota qabnu humna guutuun itti fayyadamuu.
3. Manneen barnootaa hunda keessatti sirni baruu-barsiisuu walfakkaataa ta'e akka jiraatuuf

4. Manneen barnoota hunda keessatti itti aantoonni, gaggeessitoonni dabareefi itti gaafatamtoonni mummeewwanii haala rakkoollee waqtaawa nuqunname xiyyeeffannaa keessa galchuun qabiyyeen bu'ootaa akk'a xumuramu haala mijeessu.
5. Barsiisonni haala baruu barsiisuu mana barumsaa isaanii ittifufsiisuuf itti gaafatamuummaa qabaachuu isaanii beekanii yeroo kamiyyuu caalaa cimanii akka hojjatan hubachiisuu.

## **6. Barbaachisummaa qajeelfama kanaa**

Rakkoolee sababa 'COVID-19'tiin akk'a biiyyaattis ta'e akka naannoo keenyyaatti nuqunname irraa ka'uun rakkoo baruu-barsiisuu irratti nuqunnameef furmaata kennuun barumsi akka addaan hin cinne adeemsa keessaa haala qulqullinaafi bu'a qabeessaa ta'een hojii irra akka oolu, rakkoollee hir'ina barsiisota manneen barnootaa keessatti nuqunnamaniif furmaata kennuun barsiisonni hojii irra jiran wayitii olaanaa qabachuu danda'an akka qabatani gochuun, humnoota qindeessitoota barnootaafi tola ooltota duguuganii itti fayyadamuun wayitii barnootaa otoo hin gubatiin hojii irra akka oolu haala itti gaafatamummaan hojii irra oolchuuf qajeelfamni kun qophaa'eera.

### **2.3 Sagantaa barnootaafi adeemsa baruu barsiisuu**

Akaakuu barnootaa bara 2012 hin haguugamiin hafan filachuun akka bakka bu'iinsi kennamu gochuun

- Barattoota sadarkaa tokkoffaa amma kutaa 4ffaatti haala dubisuu, barreessuufi shallaguu irratti xiyyeeffachuun guyyoota 30f
- Barattoota kutaa 8ffaa ti kutaa 12ffaaf guyyoota 45f kan hin baranne akka haguugamu gochuun qormaataaf qopheessuu.
- Barattoota kutaa 6ffaa hanga 11ffaa jiraniif guyyoota 45f barnoota isaan hafee keessaa filatanii akka xunmran gochuu

Manneen barnootaa dabareen baratan guyyaatti wayitti 5 ykn 6 qofa baratu

Barattoota manneen barnootaa dabareen baratan keessatti barnoota raadiyoofi televiziiniin haala qabatama mana barnootaan akka kennamu gochuun.

Manneen barnoota hundaafi akaakuu barnoota hundaaf madaalliin walitti fufaa hojii irra ni' oola

Yeroon semisteera lammaffaa itti xumuramu haala manneen barnootaa itti banaman irratti hundaa'a



### 3.2 Ramaddii wayitii

Sagantaa armaan olitti haala itti manneen barnootaa itti banaman akkuma jirutti ta'e, haala qabatama bulchiinsaafi dancicctti inanneen barnootaa barattoota keessumeessuu danda'aniin irratti hundaa'uun aklca haala qabatairaa mana barumsa isaaniitti filaiuiioowwan sadeen armaan gadii ta'aniiru:

#### I. Filannoo tokkoffaa

Manneen Barnoota Filannoo tokkoffaa hojiirra oolchan Dabaree Tokkoon ykn Lamaan torbaanitti Guyyoota shan keessatti Wayitii Barnootaa 25 ta ee baayi'inni daqiiqaa Wayitii Barnoota Tokkoo 35 ta'a

| Wayitii<br>Barnootaa | Waarcc Dura   | Waaree Booda   |
|----------------------|---------------|----------------|
| 1ffaa                | 2' 00 — 2' 35 | 6 : 30 — 7:05  |
| 2ffaa                | 2: 05 — 3: 10 | 7: 05 — 7: 40  |
| 3ffaa                | 3: 10 — 3: 45 | 7: 40 — 8 : 15 |
| Boqonnaa             | 3:45 — 4:00   | 8 : 15 — 8: 30 |
| 4ffaa                | 4: 00 — 4:35  | 8: 30 — 9: 05  |
| 5ffaa                | 4' 35 5: 10   | 9: 05 — 9: 40  |

- Dabaree 1; 2:00 — 5 : 10
- Dabaree 2; II 6: 00 — 9 : 40
- Dabaree laa'inaan gidduutti cee'uumsa daqiiqaa 1: 20 tuu jira.

Ikutaa 1-4 (Sagantaa Afaan Oromoo)

| Lakk.   | Altaakuu Barnootaa | Kutaa 1 | Kutaa 2 | Kutaa 3 | Kutaa 4 |
|---------|--------------------|---------|---------|---------|---------|
|         |                    | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  |
| 1       | A/Oromoo           | 5       | 5       | 5       | 5       |
| 2       | Isteetikisii       | 2       | 2       | 2       | 2       |
| 3       | A/Ingiliizii       | 5       | 5       | 5       | 5       |
| 4       | Saay.Naannoo       | 5       | 5       | 5       | 5       |
| 5       | Herrega            | 5       | 5       | 5       | 5       |
| 6       | Barnoota Gadaa     | 3       | 3       | 3       | 3       |
| Ida'ama |                    | 25      | 25      | 25      | 25      |

Kutaa 5-8

| Lakk.   | Akaakuu Barnootaa | Kutaa 5 | Kutaa 6 | Kutaa 7 | Kutaa 8 |
|---------|-------------------|---------|---------|---------|---------|
|         |                   | Haa'raa | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  |
| 1       | A/Arnaaraa        | 2       | 2       | 1       | 1       |
| 2       | Herrega           | 4       | 4       | 5       | 5       |
| 3       | A/Ingiliizii      | 5       | 5       | 5       | 5       |
| 4       | Saay.Walsiina     | 4       | 4       |         |         |
| 5       | Saay.Hawaasa      | 3       | 3       | 2       | 2       |
| 6       | A/Oromoo          | 3       | 3       | 3       | 3       |
| 7       | Baayolajii        |         |         | 2       | 2       |
| 8       | Keemistirii       |         |         | 2       | 2       |
| 9       | Fiiziksii         |         |         | 3       | 3       |
| 12      | G.J.Q.            | 1       | 1       |         |         |
| 1e      | B/Gadaa           | 3       | 3       | 2       | 2       |
| 14      | Ogu. Gaaiii       |         |         |         |         |
| Ida'ama |                   | 25      | 25      | 25      | 25      |

Ibsa: Wayitiin Barnoota L/A/G Barnoota Gadaa bakka bu'eera.

Kutaa 9-10

| Lakk.   | Akaakuu Barnootaa     | Kutaa 9 | Kutaa 10 |
|---------|-----------------------|---------|----------|
|         |                       | Haaraa  | Haaraa   |
| 1       | A/Anaaaraa            | 1       | 1        |
| 2       | Herrega               | 4       | 4        |
| 3       | A/Ingiliizii          | 4       | 4        |
| 4       | Baayoloojii           | 3       | 3        |
| 5       | Keemistr ii           | 3       | 3        |
| 6       | Fiiziksii             | 3       | 3        |
| 7       | Joogiraafii           | 2       | 2        |
| 8       | Seenaa                | 2       | 2        |
| 9       | Barn.Lammumrnaa       | 1       | 1        |
| 10      | Odeef. Qunnamtii.Teek | 1       | 1        |
| 11      | A/Oromoo              | 1       | 1        |
| 12      | GJQ                   | -       | -        |
| Ida'ama |                       | 25      | 25       |

Kutaa 11-12

| Lakk.   | Akaakuu<br>Barnootaa | Saay. Umamaa |             | Saay. Hawaasaa |          |
|---------|----------------------|--------------|-------------|----------------|----------|
|         |                      | kutaa<br>11  | Kutaa<br>12 | Kutaa<br>11    | Kutaa 12 |
|         |                      | Haaraa       | Haaraa      | Haaraa         | Haaraa   |
| 1       | A/Aina/A/Oro         | 1            | 1           | 1              | 1        |
| 2       | Herrega              | 5            | 5           | 5              | 5        |
| 3       | A/Ingiliizii         | 5            | 5           | 5              | 5        |
| 4       | Baayoloojii          | 4            | 4           |                |          |
| 5       | Keemistirii          | 4            | 4           |                |          |
| 6       | Fiiziksii            | 4            | 4           |                |          |
| 7       | Joograafii           |              |             | 4              | 4        |
| 8       | Seenaa               |              |             | 4              | 4        |
| 9       | Barn.LaiiiiinTtna    | 1            | 1           | 3              | 3        |
| 10      | Odecf. Qurinam       | 1            | 1           | 3              | 3        |
| 11      | Teek.<br>Diroowingii |              |             |                |          |
| 12      | Ikonoiilcsii         |              |             |                |          |
| 13      | Jeneraal Biizi.      |              |             |                |          |
| 14      | GJQ                  |              |             |                |          |
| Ida'ama |                      | 25           | 25          | 25             | 25       |

## II. Filannoo Lammaffaa

Manneen Barnoota Filannoo Lammaffaa Hojiirra Oolchan Dabaree Lamaan torbaanitti Guyyoota Sadi keessatti Wayitii Barnootaa 15 kan barataniifi guyyaatti wayitii barnootaa 5 ta'ee baayi'inni Wayitii Barnoota tokkoo daqiiqaa 35 ta'a.

Wiixata, Roobiifi Jimaata Akkasumas Kiibxata, Kamisaafi Sanbata

| Wayitii barnootaa | Waaree Dura           | Waaree Booda          |
|-------------------|-----------------------|-----------------------|
| 1ffaa             | 2: 00 — 2: 5          | 6 : 30 — 7: 05        |
| 2ffaa             | 2: o 5 — 3: 10        | 7' 05 — 7: 40         |
| 3ffaa             | 3: 10 — : 45          | 7: 40 — 8 : 15        |
| <b>Boqonnaa</b>   | <b>3 : 45 — 4: 00</b> | <b>8 : 15 — 8: 30</b> |
| 4ffaa             | 4: 00 — 4: 35         | 8: 30 — 9: 05         |
| 5l'faa            | 4' o5 — 5: 10         | 9: 05 — 9: 40         |

- Dabaree 1; 2: 00 — 5: 10
- Dabaree 2; 6' 30 — 9:40
- Dabaree lamaan gidduutti cee'uumsa daqiiqaa 1 : 20 tuujira.

Kutaa 1-4 (Sagantaa Afaan Oromoo)

| Lakk.    | Akaakuu Barnootaa | Kutaa 1 | Kutaa 2 | Kutaa 3 | Kutaa 4 |
|----------|-------------------|---------|---------|---------|---------|
|          |                   | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  |
| 1        | A/Oromoo          | 3       | 3       | 3       | 3       |
| 2        | Isteetikisii      | 1       | 1       | 1       | 1       |
| 3        | A/Ingiliizii      | 3       | 3       | 3       | 3       |
| J        | Saay.Naaiuio      | 2       | 2       | 2       | 2       |
| 5        | Herreega          | 3       | 3       | 3       | 3       |
| 6        | Barn. Gadaa       | 3       | 3       | 3       | 3       |
| I da'ama |                   | 15      | 15      | 15      | 15      |

Ifutaa 5-8 (Sagantaa Afaan Oromoo)

| Lakk.   | Akaakuu Barnoota | Kutaa 5 | Kutaa 6 | Kutaa 7 | Kutaa 8 |
|---------|------------------|---------|---------|---------|---------|
|         |                  | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  | Haaraa  |
| 1       | A/Amaaraa        | 1       | 1       | 1       | 1       |
| 2       | Herrega          | 3       | 3       | 3       | 3       |
| 3       | A/Ingiliiizii    | 3       | 3       | 3       | 3       |
| 4       | Saay.Walsimata   | 2       | 2       |         |         |
| 5       | Saay.Hawaasaa    | 1       | 1       | 1       | 1       |
| 6       | A/Oromoo         | 3       | 3       | 1       | 1       |
| 7       | Baayoloojii      | -       | -       | 1       | 2       |
| 8       | Keemistirii      |         | -       | 2       | 1       |
| 9       | Fiiziksii        |         |         | 2       | 2       |
| 11      | Muuziq/ Fakii    |         |         |         |         |
| 12      | G.J.Q.           |         |         |         |         |
| 15      | BLG/Barn. Gadaa  | 2       | 2       | 1       | i       |
| Ida'ama |                  | 15      | 15      | 15      | 15      |

Kutaa 9-10

| Lakk. | Akaakuu Barnootaa  | Kutaa 9 | Kutaa 10 |
|-------|--------------------|---------|----------|
|       |                    | Haaraa  | Haaraa   |
| 1     | A/Amaaraa          | 1       | 1        |
| 2     | Herrega            | 3       | 3        |
| 3     | A/Ingi liizii      | 2       | 2        |
| 4     | Baayoloojii        | 1       | 1        |
| 5     | Keemistirii        | 1       | 1        |
| 6     | Fiiziksii          | 2       | 2        |
| 7     | Joogiraafii        | 1       | 1        |
| 8     | Seenaa             | 1       | 1        |
| 9     | Barn.Lammummaa     | 1       | 1        |
| 10    | Odeef.Qunnain.Teek | 1       | 1        |
| 11    | A/Oromoo           | 1       | 1        |
| 12    | GJQ                |         |          |
|       | Ida'ama            | 15      | 15       |

Kutaa 11-12

| Lakk.   | Akaakuu Barnootaa | Saay. Umamaa |          | Saay. Hawaasaa |          |
|---------|-------------------|--------------|----------|----------------|----------|
|         |                   | Kutaa 11     | Kutaa 12 | Kutaa 11       | Kutaa 12 |
|         |                   | Haaraa       | Haaraa   | Haaraa         | Haaraa   |
| 1       | A/Amaa/A/Oromoo   | 1            | 1        | 1              | 1        |
| 2       | Herrega           |              | 3        | 3              | 3        |
| 3       | A/Ingiilizii      | 3            | 3        | 3              | 3        |
| 4       | Baayolajii        | 2            | 2        | -              |          |
| 5       | Keemistirii       | 2            | 2        |                |          |
| 6       | Fiiziksii         | 2            | 2        |                | -        |
| 7       | Joograafii        |              |          | 3              | 3        |
| 8       | Seenaa            |              |          | 3              | 3        |
| 9       | Barn.Lammummaa    | 1            | 1        | 1              | 1        |
| 10      | Odeef.Qunnam T    | 1            | 1        | 1              | 1        |
| 11      | Teek. Diroow      |              |          |                |          |
| 12      | Ikonomiksii       |              |          |                |          |
| 13      | Jeneraal Biizin   |              |          |                |          |
| 14      | GJQ               |              |          |                |          |
| Ida'ama |                   | 15           | 15       | 15             | 15       |

Hubachiisa:- Wayitiin barnootaa gabatee armaan olii keessatti kennaman sirna barnootichaa yeroo ammaa hojii irra jiru dhibee 'COVID 19' ofirraa ittisuuf (wal tuttuqqii qaamaa xiqqeessuufi walirraa faffageessuuf) fi kkf hubannoo keessa galchuun.

- Madaalliin walittifufaa kutaalee sadarkaa sadarkaan jiraniifi akaakuu barnootaa hunda keessatti hojiirra oola.
- Qorumsa dhuma seemisteeraa akkuma saaqiinsa qabatama manneen barnootaatiin kan murtaa'uta'a.

### **3.6. Qajeelchamicha fooyyessuu**

Qajeelfamni kun BBOon yeroo barbaadetti fooyyessuu yookiin haquu danda'a.

### **3.7. Yeroo hojiirra oolmaa isaa**

Qajeelfamni kun naannoo Oromiyaa keessatti guyyaa qophaa'ee Onkololeessaa 2013 eegaleehanga Ministeerrii Eegumsa Fayyaa Federaalaa dhibeen 'COVID 19' sodaa ta'uu hinqabu jedhee ibsa baasutti kan hojiirra oolu ta'a.